# Carraa hojii kennameef diduu

Hojii mijaawaadhaaf carraa hojii kenname yoo diddan faayidaalee hoji-dhabdummaa dhorkamuu dandeessuu. Carraawwan hojii kamiyyuu yeroo kenninsa hojii galchitanitti kan diddan hundumaa gabaasuun akkasumas hojii mijaawaa diduu keessaniif sababa gaarii ta'e qabaachuun isinirraa eegama.

- **Hojiin mijaawaa** leenjii, muuxannoo hojii, barnoota, fayyaa, nageenya fi haamileewwan keessan duraanii waliin toora tokko irra jira.
- **Sababni gaarii** diddaa carraa hojiitiif yeroo sababa dhuunfaa fi sirrii ta'e qabaattanitti kan argame dha.
- **ol-iyyannaan dogongorsiisaa** yeroo faayidaalee gaafattan diddaa hojii dabalatee yeroo osoo beektanii odeeffannoo dhoksitan kan mudatudha.

## Namoonni dhuunfaa carraa hojii gabaasaa jiru.

Gaaffiiwwan torbee torbeedhaanii keessan keessatti sababa kamiiniyyuu kenniinsa hojii yeroo fudhattan gabaasuu qabdu. Haa ta'u malee, diduu keessaniif sababa gaarii yoo qabaattan, faayidaaleen keessan ammas itti fufuu danda'u.

Karaa mail yookin eServices(Tajaajiloota karaa intarneetii) qorata isiniif ergina. Fakkeenyonnii qoratoota muraasaa:

- Diddaa keessaniif sababa kan ture maalidhaa?
- Kenninsi hojii kun gaafa guyyaa kamii isinii kenname?
- Kenninsi hojichaa haala kamiin taasifamee (bilbilaan, Imeeliidhaan yookiin xalayaadhan)
- Gosa hojii kenname sanaaf ulaagaa guuttanii jirtuu?

Yeroo hojii diddan sanatti faayidaalee argachaa jirtu yoo ta'e, faayidaalee hoji dhabdummaa keessaniif ulaagaa guutinsa walitti fufinsa qabu murteessaa torbee torbeedhaan faayidaalee keessan kaffaluu keenya itti fufna. Booda irratti ulaagaa guutuu akka hin dandeenyetti yoo murteessine, faayidaalee ulaagaa hin guutne deebisnee ni funaanna.

# Hojii mijataa

Hojiin "mijaawaa" dha kan jennu yeroo leenjii, muuxannoo hojii fi barnootaa waliin wal simudha. Yeroo hojiin isiniif kennamu, kanneen armaan gadii of gaafachuu qabdu:

- Hojicha hojjechuudhaaf muuxannoo nan qabaa?
- Leenjii hojiirraatiin alatti, hojicha hojjechuu danda'uudhaaf leenjiiwwanii fi barnoota dabalataa fudhachuun na barbaachisaa?
- Kanaan dura hojii akkasii hojjedhee beekaa?

Akkasumas hojichi mijataa ta'uu fi dhiisuu isaa murteessuuf fayyaa, nageenyaa fi amala keessan irratti balaa gahuu danda'u ni ilaalla. Yeroo balaa hatattamaa fayyaa hawaasaa, digirii balaa kenninsi hojii sun qabu fayyaa kanneen sin waliin jiraatanii irratti akka hundaa'u xiyyeeffannoo keessa ni galchina.

# Sababa gaarii

Diddaa kenninsa hojiitiif sababni "sababa gaarii " ta'e yeroo jirutti hojiin akka mijaawaa ta'etti hin ilaalamu. "Sababni gaarii" diddaa carraa hojiichaatiif sababa dhuunfaa fi sirrii ta'e akka qabdanitti yoo agarsiifame argamuu danda'a.

Fakkeenyaaf:

- Waggaa 65 yookiin isaa ol yoo taatan yookin yeroo balaa hatattamaa hawaasaa Centers for Disease Control and Prevention (CDC)(Ingiliffaan) dhaan akka saaxilama guddaa keessa jirtaniitti yoo kan ilaalamtan ta'e.
- Nama saaxilama guddaa qabu waliin jiraattu yoo ta'e.
- Bakkeen hojii nagaa miti yoo ta'e.

Hojii mijataa diduudhaaf sababa gaarii qabaattaniyyuu, sababoonni tokko-tokko hojicha irratti argamuu keessaniif akka shakkinu nu taasisu.

Sababoota armaan gadiitiif hojii diduufi faayidaalee tursiifachuu hin dandeessani:

- Hojii kenname irra caala hojii dhabdummaa irratti baay'ee hojjettu yoo ta'e.
- Yoo hojii hojjechuu hin barbaaddan ta'e.
- Gara hojiittii deebi'uudhaaf ni sodaattu, garuu diduudhaaf sababa fudhatama qabu kan biraa hin qabdani.
- Hojichii haga fedhee mijataa ta'uyyuu hojii isiniif kenname sana yoo hin jaallanne ta'e.

- Hojii amma qabdan jijjiiruu barbaaddu yoo ta'e.
- Yoo barumsa irra jirtu ta'e.
- Hojii keessan duraaniitti deebi'uuf jirtu garuu, yoom akka ta'e hin beektan yoo ta'e.
- Qacartootni biroo akka hojii siniif kennaniif eeggachaa jirtu yoo ta'e.

# Bakkeewwan hojii nageenya hin qabne

Qacartoonni Waashingitan dirqama bakkeewwan hojii nagaa qabeeyyii ta'an haala gaariin tursiisuudhaaf ulaagaalee fi qajeelfama Centers for Disease Control and Prevention (CDC) , Department of Labor and Industries naannoo fi Washington State Department of Health hordofuu qabu (ingiliffaan qunnamsiisa).

Hojii isiniif kenname sana sodaa nageenya bakka hojiitiif diddan yoo ta'e, haalli bakkee hojii sun nagaa ta'uu isaa ni gamaggamna. Gaafattota hojii fi hojjechiistiitota lamaanuu irraa akkasumas odeeffannoon seerota nageenya naannoo fi federaalaas, xiyyeeffannooo keessa ni galu.

Akka seeraa fi qajeelfama mootummaa naannoo fi federaalaatiin barbaadamutti qacaraan fedhii hin qabu yookin bakka hojii nagaa qabeessa ta'e hin qabu yoo ta'e hojichi mijaawaa akka ta'etti hin ilaalamu. Odeeffannoon gaafattota hojii fi hojjechiistiitota lamaanuu irraa argame, akkasumas seerota nageenya naannoo fi federaalaas, xiyyeeffannooo keessa galanii jiru.

# Gaaffiiwwan dogongorsiisaa

Namni gaaffilee ol-iyyannoo torbee torbeenii gaafatu kamiyyuu gara hojiittii deebi'uudhaaf ragaan hojii argachuu isaa ibsu dhugaatti mirkaneeffamuu qaba. Gara hojiitti deebi'uudhaaf carraa hojii kenname sana fudhachuu keessan yeroo nuuf ibsitanitti ammallee faayidaalee hoji dhabdummaa argachuudhaaf ulaagaa guutuu keessan murteessuuf isiniifii qacaraa keessan gaaffilee ni gaafanna. Hojii argattan diduu dabalatee osoo beektanii odeeffannoo yoo dhoksitan, akka dogongorsiisuutti ilaalama.

## Rakkoowwan ol-iyyannoon dongongorsiisaa fidu

Osoo beekanii hojii fi galiiwwan sirrii hojii irra argattan, argaminsa hojicha irraa gabaasuu dadhabuun, yookin adda adda qooduuf sababa isaa gabaasuu dadhabuun faayidaalee dhorkisiisuu, faayidaalee fudhattan deebisiisuu, adabbii maallaqaa fi himata yakkaa bansiisuu danda'a.

# Gaaffii ol-iyyannoo gaafachuu

Waayee hoji dhabdummaatiin wal-qabatee murtee nuti kennine irratti yoo walii hin galle ta'e mirga ol-iyyannoo gaafachuu ni qabdu. Fakkeenyonni murteewwan isin ol-iyyannoo irratti gaafachuu dandeessanii, kanneen armaan gadii of-keessatti haammata:

- hojii kenname diduudhaaf sababa gaarii ta'e qabaachuu keessan
- Hojiin kenname mijataa ta'uu isaa

Waayee ol-iyyannoo faayidaalee fi akkamitti akka ittiin galchitanii irra caala baradhaa (Ingiliffaan).